Tokkoon keessan hanga waan lubbuu ofiitiif jaallatu obboleessa isaatiif jaallatutti hin amanne

Abuu Hamzaa Anas ibnu Maalik -khaadima ergamaa Rabbii Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- irraa odeeffamee -Rabbi isa irraa haa jaallatu- nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ni jedhani: «Tokkoon keessan hanga waan lubbuu ofiitiif jaallatu obboleessa isaatiif jaallatutti hin amanne».
[sirrii] [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- tokkoo muslimootaaf iimaanni guutuun dhugaa akka hin taanef ibsani, hanga Rabbiin ajajamuu fi gosoota khayrii diinii fi duuniyaa waan lubbuu ofiitiif jaallatu obboleessa isaatiif jaallatutti, akkasuma waan lubbuu ofiitiif jibus isaaf jibbuutti, obboleessa isaa muslimaa diinii isaa keessatti hirdhina yoo irratti arge, isa sirreessuuf carraaqa, toltuu yoo irratti arges isa jajjabeessee isa gargaara, dhimma isaa diinii fi duuniyaa irratti isa gorsa.

http://www.sunnah.global/hadeeth/om/show/66520